UDI

# Warra ijoollee iyyannoo baqattummaaf deebii argataniif odeeffannoo qophaawe
## Oromo

## ODEEFFANNOO HEYYAMA KENNAME ILAALLATU

Yoo biyya dhaloota isheetti deebite dhagna qabaaf (kittaanamuuf) saaxilamuu dandeessi sodaan jedhu jiraachuu isaa UDI (*waajjira dhimma lammiiwwan biyya alaa*) waan fudhateef, intalli kee biiyya Norge keessa jiraachuuf heyyama argate jirti. Eyyamni kun kan kenname intalli kee dhagna qabaaf akka hinsaaxilamne gochuu dhaafi.

Intalli kee dhagna qabaaf akka hinsaaxilamne ittigaafatamummaa guddaa kan of irraa qabu si'i dha. Yoo ammo intalli kan kee dhagna qabamte argamte, atummaan eyyama jireenyaa argatte dhabuu dandeessa.

## MUCAAN DURBAA BIYYA NORGE KEESSA JIRAATTU DHAGNA QABAMTI YOO TA'E MAALTU DHALATA?

Biyya Norge tti mucaa durbaa qaama saalaa ishee muruun (dhagna qabuun) yokin hojjaa kana irratti qooda fudhachuun dhorkaa dha. Dhagna qabaan <u>bifa kamin iyyuu</u> dubarti 'rratti raawatamu dhorkaa dha. Namoonni biyya Norge keessa jiraatan mucaan durbaa tokko akka dhagna qabamtu (kattaanamtu) qooda fudhatani argamu taanaan, adabbi hidhaa haga waggaa kudhan gahuun adabamu. Warri ijoolle intalli isaani akka dhagna hinqabmne gochuu osoo dandahanu intalli isaani dhagna qabaaf saaxilamte argamti taanaan, niadabamu. Kuni dhagna qabaa biyya Norge alattis raawatamee nilaallata[1].

Namoonni adabiin kana fakkaatu irratti fudhatame, biyya Norge irraa ariyatamuu danda'u[2].

## IJOOLLEEN DURBAA BIYYA NORGE KEESSATTI AKKA DHAGNA HINQABAMNE EEGGUMSA KAN GODHU EENYU?

Biyya Norge tti namoonni hojii motummaa fi hojii dhunfaa dalagan hedduun mucaan durbaa tokko rakkoo dhagna qabaaf saaxilamuu keessa jiraachuu ishee odeeffannoo argatani jiru taanaan, polisiitti yokinis waa jira tajaajila eegumsa ijoolleetti (barneverntjeneste) gabaasuuf dirqama of irraa qabu. Beekaa gabaasa kana osoo hingodhin dhiisu hoo ta'e adabbi maallaqaa yokinis hidhaatu irratti raawwatama.

Mucaan durbaa tokko dhagna qabaaf saaxilamuuf akka jirtu waajjirri tajaajila eeggumsa ijoollee (barneverntjenesten) gabaasni yommuu is qaqqabu, haala guddinsa mucaa sani qorata. Mucaan sun gara mana waldhaansa fayyaa geeffamtee haakimaan qorannoon akka godhamuuf waajjirri tajaajila eeggumsa ijoolle ajaja kennu danda'a.

Warri ijoollee biyya ijoolleen dubaraa dhagna itti qabaman irraa dhufan dhimma kana ilaalchisee narsii tokko waliin akka marii godhan carraan nikennamaaf. Biyya Norge tti ijoolleen dubaraa mana barumsaa sadarkaa giddugaleessaatti baratan narsii tokko waliin waayee dhagna qabaa irratti marii akka godhan carraan nikennamaaf.

[1] Lov om forbud mot kjønnslemlestelse (Seera dhagna qabaa dhorku) §1
[2] Utlendingsloven (Seera lammiwwan biyya alaa) §§ 66 - 68

## ODEEFFANNOO WAAYEE GARGAARSA FAYYAA

Ijoolleen dubaraa fi dubartoonni hedduun gara biyya Norge osoo hindhufin dura kan dhagna qabamani dha. Dhagna qabamani argamuun mataan isaa dhorkaa miti. Haata'u malee warri ijoollee intalli isaanii dhagna qabaan irratti raawwatame gargaarsa fayyaa barbaachisaa ta'e akka argattu gochuuf ittigaafatamummaa of irraa qabu. Biyya Norge tti naannolee tajaajila eeggumsa fayyaaf jecha gurmaawan hundaatti klinikiin dubartootaa ijoollee dubaraa dhagna qabamaniif gargaarsa fayyaa gochuuf ittigaafatamummaa adda ta'e qabu nijira.

Odeeffannoon dabalataa si barbaachisa yoo ta'e, bilbila Fannoo Dimaa dhimma fudhaaf heeruma dirqamsiisaa, akkasumas dhagna qabaa ilaalu 815 55 201 tti bilbilu dandeessa. Kana malees hakima waliin, narsii waliin haasawu dandeessa. Yokin ammo waajjira tajaajila eeggumsa ijoollee komunaa ati keessa jiratu keessa jiru qunnamu dandeessa. Odeeffannoo waayee dhagna qabaa fi carraa gargaarsa fayyaa jiru ilaalu sarara intarneetaa fuula www.nkvts.no jedhu irratti niargata. Kana malees barruulee odeeffannoo afaan adda addaa tiin qopheefaman sarara intarneetaa kana irratti niargata.

UDI

# Informasjon om kjønnslemlestelse

**Norsk**

## Informasjon om tillatelsen

Datteren din har fått beskyttelse i Norge, fordi UDI mener at hun står i fare for å bli kjønnslemlestet (kvinnelig omskjæring) hvis hun returnerer til hjemlandet. Tillatelsen er gitt for å beskytte datteren din mot omskjæring.

Det er du som har hovedansvaret for at datteren din ikke blir omskåret. Dersom datteren din blir omskåret kan du miste oppholdstillatelsen din i Norge.

## Hva skjer hvis jenter som bor i Norge blir omskåret?

I Norge er det forbudt å utføre eller medvirke til kjønnslemlestelse (kvinnelig omskjæring). Forbudet gjelder alle former for kvinnelig omskjæring. Personer som bor i Norge kan bli straffet med inntil ti års fengsel, dersom de medvirker til at en jente blir omskåret. Foreldre kan bli straffet dersom datteren deres blir omskåret og det hadde vært mulig for dem å avverge omskjæringen. Det gjelder selv om omskjæringen skjer i et annet land.[1] Personer som får slik straff kan bli utvist fra Norge.[2]

## Hvem passer på at jenter i Norge ikke blir omskåret?

Mange offentlig og privat ansatte i Norge har plikt til å informere politiet eller barnevernstjenesten hvis de har opplysninger om at en jente kan stå i fare for å bli omskåret. De kan bli straffet med bøter eller fengsel, dersom de lar være å varsle.

Når barnevernstjenesten får melding om at en jente står i fare for kjønnslemlestelse, vil de undersøke barnets omsorgssituasjon. Barnevernstjenesten kan gi pålegg om at barnet bringes til sykehus for medisinsk undersøkelse.

Foreldre fra land med kvinnelig omskjæring, vil få tilbud om samtale med helsesøster for å snakke om omskjæring. Jenter som går på ungdomsskolen i Norge vil få tilbud om samtale med helsesøster for å snakke om omskjæring.

## Informasjon om helsehjelp

Mange jenter og kvinner har blitt omskåret før de kom til Norge. Det er ikke forbudt å være omskåret, men foreldre har plikt til å påse at døtre som er omskåret får nødvendig helsehjelp. I hver helseregion i Norge finnes en kvinneklinikk som har et spesielt ansvar for å gi helsehjelp til jenter og kvinner som er omskåret.

Dersom du trenger mer informasjon, kan du ringe **Røde Kors-telefonen om tvangs-ekteskap og kjønnslemlestelse** 815 55 201, snakke med lege eller helsesøster, eller du kan kontakte barnevernstjenesten i kommunen der du bor.

Du kan også finne informasjon om kjønnslemlestelse og tilbud om helsehjelp på nettsiden www.nkvts.no. Her finner du blant annet informasjonsbrosjyrer på ulike språk.

1 Lov om forbud mot kjønnslemlestelse § 1
2 Utlendingsloven §§ 66 - 68